Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Volume 6, No.1, January 2023
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

---

*Full Length Research Paper*

# Xiinxala Beekumsa Tuut-jecha Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 5-8: Warra Akka Afaan Dhalootaatti Baratan

**Taasisaa Kumsaa*[1], Shimallis Maazengiyaa[2] (PhD)fi Filee Jaallataa[3] (PhD)**
Email: kumsatasisa@gmail.com
[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa PhD
[2] Addis Ababa University College of Humanities, Language Studies, Journalism and Communication
[3]Addis Ababa University College of Humanities, Language Studies, Journalism and Communication

Submission Date: June 28, 2022
Acceptance Date: December 01, 2022

## Axeerara

*Qorannoon kun xiinxala beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5-8 horatan irratti geggeeffamee jira. Hanga qorataan kun sakatta'ee hubatetti dhimma kanarrattis qorannoon amma yoonaatti sadarkaa kanatti geggeeffame hinjiru. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen horatan xiinxaluudha. Saxaxi qorannoo kanaa saxaxa ibsaa (descriptive research design)dha. Malli qorannicha geggeessuu keessati dhimma itti ba'ame immoo mala qorannoo walmakaadha. Ragaaleen qorannoo kanaa madda ragaa 1ffaa rraa funaanaman. Kunis barattoota manneen barnootaa Amboo, Liiban Maccaa, Awwaaroofi Addis Katamaa sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8fi barsiistota Afaan Oromoo manneen barnootaa kanneenii barsiisan turan. Malli iddatteessuu qorannoo kanaas mala kaayyeffataafi carraa salphaati. Toofaaleen ragaa funaanuuf dhimma itti ba'aman immoo daawwannaafi qorumsadha. Argannoon qorannoo kanaas firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa shanii %77, kutaan ja'a %53.5, kutaan saddeetti %58.4 ta'an walakkaa gadiifi firiin daawwannaa daree irraa argame akka ibsuttis deebiiwwan barattoonni baay'een gilgaalotaaf daree keessatti kennan harki caalaan sirrii waan hintaaneef beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo isaan horatan gadaanaadha. Garuu firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa torbaa %75.3 walakkaa ol waan ta'eef beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen horatan akka waliigalaatti fooyya'aa yoo ta'ellee, firiiwwan isaan gama jechoota waliin deemaniifi jechoota jechi tokko irraa ijaarame addaan baasuu irratti argatan %100 walakkaa gadi ta'uufi deebiiwwan barattoonni kunneen gilgaalotaaf daree keessatti kennan baay'inaan sirrii waan hintaaneef, beekumsi tuu-jechaa isaan afaan kanarratti horatan gadaanaadha. Kanaaf, beekumsi tuutjecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 5-8 horatan akka waliigalaatti rakkoo akka qabu adda ba'eera. Rakkoo kana furuuf, qaamni sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessuufi ogeeyyiin barnootaa afaanichaa, akkasumas, waajjirri barnootaa bulchiinsa magaalaa Amboofi barsiistonni Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa waliin ta'uun hojjechuutu isaan irraa eegama.*

**Jechoota Ijoo:** Afaan Oromoo, beekumsa tuut-jechaa, tuut-jecha xiinxala

---



* Corresponding author.

# Analysis of Vocabulary Knowledge of Grade 5-8 Students: Students Learning as Mother Tongue

## Abstract

*This study was conducted on the analysis of Afan Oromo vocabulary knowledge of grade 5-8 students. As far as the researcher surveyed, there was no research studied on this title. The main objective of this study is to analyze Afan Oromo vocabulary knowledge of grade 5-8 students. Descriptive research design was used to conduct the research. Mixed research method was employed in the research work because the data which was used in the study needs to be analyzed by quantitative and qualitative research methods. The data was collected from grade 5-8 students and Afan Oromo teachers of Ambo, Liban Macha, Awaro and Addis Ketema primary schools of Ambo town administration. Both purposive and simple random sampling techniques were used to select samples. The data collecting tools were observation and test. The finding of the research shows that students have low Afan Oomo vocabulary knowledge because the test results of many grade the students were below half. Moreover, the students' performance on vocabulary taskes in the classroom was poor. Though Afan Oromo vocabulary knowledge of grade 7 students is relatively good, their knowledge of collocation and analysis of word parts is still very low. So, Afan Oromoo vocabulary knowledge of grade 5-8 students is low. Ingeneral, to give solution to this problem, Afan Oromo curriculum and syllabus designers and experts as wel as Ambo town administrative education office and primary schools Afan Oromo teachers need to work together.*

**Key Terms:** Afan Oromo, vocabulary knowledge, vocabulary analysis

## Seensa

Qorannoon kun xiinxala beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoota kutaa 5-8 irratti geggeeffame. Tuutjechi jecha Afaan Oromoo tuutaafi jecha jedhamanirraa uumame. Yaadni isaas tuuta yookiin walitti qabama jechoota afaan tokko keessatti argamaniiti. Yaada kana kan cimsu Akar (2010) akka ibsutti, tuutjechi waliigala jechoota afaan tokko keessa jiraniiti (f.94). Ibsa kanarraa kan hubatamu, tuutjechi jechoota afaan tokko keessatti argaman hunda kan hammatu ta'uu isaati. Yaada kana Hornby & Crowther (1995) yommuu ibsan, "Vocabulary is the total number of words in a language, or all the words known to a person or used in a particular book, subject etc" (f. 1331) jedhu. Waraabbii kanarraa kan hubatamu, tuutjechi waliigala jechoota afaan tokko keessatti argamanii yookiin jechoota namni tokko beekuu yookiin kanneen kitaaba, gosa barnootaafi kkf murtaa'aa ta'e keessatti tajaajilan ta'uu isaati.

Tuutjechi afaanitti fayyadamuu keessatti qaama baay'ee barbaachisaadha. Yaada kana Abate (2013) akka ibsetti**,** tuutjechi bu'uura afaaniifi barattootaaf bu'aa guddaa buusudha (f. 40). Yaada kana Fromkin, Rodman & Hyams, (2011 akka barrreessanitti, tuut-jecha malee yaada keenya afaaniin dabarfachuus ta'e, yaada nama biroo hubachuu hindandeenyu (f.76). Akkasumas, yaada kana kan cimsu, Pan & Xu (2011) akka ibsanitti, tuutjechi bu'uura afaaniiti. Tuut-jecha malee himni, barreeffamni, akkasumas, afaanillee hinjiru (f. 586). Yaada hayyoota kanarraa kan hubatamu, tuutjechi qaama afaanitti gargaaramuu keessatti baay'ee barbaachisaa ta'edha.

Haata'u malee, tuut-jecha barsiisuun afaan barsiisuu keessatti baroota dheeraaf xiyyeeffannoo osoo hinargatiin ture. Fakkeenyaaf, malli jijjiirraa caaslugaa tuut-jecha barsiisuuf hamma tokko yoo bakka kenneyyuu, malli dhageettii dubbii garuu seerluga barsiisuurratti fuulleffata. Akka dhiyaannaa dhageettii dubbiitti, barattoonni yoo qindoomina seerlugaa dursanii hubatan, boodarra tuut-jecha baay'ee barsiisuun nidanda'ama. Kanarraa kan ka'e, baroota 1950-1960 yeroo malli dhageettii dubbii afaan barsiisuu keessatti bal'inaan dhimma itti ba'amaa turetti tuut-jecha barsiisuun irraanfatamaa ture. Garuu, baroota 1970 keessa sababa dhiibbaa mala

afaan waliigaltee barsiisuu irraa kan ka'e tuut-jecha barsiisuun hamma tokko foyya'insa agarsiisaa dhufe. Baroota 1970 boodas haalli tuut-jecha barsiisuu baay'ee fooyya'e. Kunis sababa dhiyaannaan afaan waliigaltee barsiisuu kun babal'ataa deemeefidha (Nunan, 1991, f. 116-117). Yeroo ammaa kanas, haalli tuut-jecha barsiisuu fooyya'ee jira. Sababa isaas fedhiin tuut-jecha barsiisuufi barachuu dabalaa waan deemeef, akkasumas, faayidaa tuut-jecha barsiisuufi barachuun qabu hubatamaa dhufeefidha (Richards & Renandya , 2002, f. 255). Har'allee sababni guddaan afeewwan dubbifamaniifi ibsa daree keessatti kennamu hubachuu dadhabuu barattootaa beekumsa tuut-jecha barnootaa gadi aanaa ta'e qabaachuu isaaniiti. Kun immoo haala isaan tuut-jecha afaan barnootichaa ittiin barsiifaman irraa madduu mala (Choudaraju, 2017, f.1470). Yaada kanarraa kan hubatamu, barattoonni beekumsa tuut-jecha barnootaa ga'aa ta'e qabaannaan barnoota afaanichaan kennamu haalaan hubachuuf kan isaan gargaaru ta'uu isaati. Haata'u malee, hanga qoratichi sakatta'ee hubatetti dhimma beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 5-8 irratti qorannoon hamma yoonaatti sadarkaa digirii sadaffaatti geggeeffame hinjiru. Kanaaf, qoratichi dhimma kana qorachuun fala kaa'uuf ka'e. Qorannoon kunis gaaffii barattoonni kutaa 5-8 hammam beekumsa tuutjechaa Afaan Oromoo horatani? jedhu deebisuurratti fuulleffateera.

## 1. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii

### 2.1. Yaadrimee Jechaa

Hiika jechaa namoota hunda waliigalchu tokko kennuun ni rakkisa. Yaada kana kan cimsu Shimelis (2014) akka ibsetti, xiinqooqa keessatti jechaaf hiika waliigalaa tokko kennuun ni ulfaata. Sababni isaas yaadni jecha jedhu gosa afaanii irratti hundaa'ee adda adda waan ta'eefidha. Fakkeenyaaf, afaanota dhamjechoonni isaanii qofa qofaatti dhaabbatan yookiin walitti hinmaxxanne keessatti tokkoon tokkoo dhamjechoota jechoota adda addaa yoo ta'an, afaanota maxxanfatoo ta'an keessatti garuu jechi dhamjechoota adda addaarraa kan ijaaramuu danda'u ta'ee daangaan dhamjechoota walitti maxxananii ifaadha. Gama biroon, afaanota dhamjechoonni isaanii walitti makamoo ta'an keessatti immoo jechi dhamjechoota garaa garaarraa kan ijaaramu ta'ee daangaan dhamjechoota walitti makamanii ifatti kan hinmul'annedha (Ff. 37-38). Ibsi kun xiinqooqa keessatti hiikni jechaaf kennamu afaanii afaanitti garaagarummaa kan qabu ta'uu mul'isa. Haata'u malee, hayyoonni adda addaa jechaaf haala armaan gadiin hiika kennaniiru.

Jechi (kan hiikni isaa xiinqooqa keessatti baay'ee ulfaataa ta'e) seerluga xiqqaa ofdanda'aa afaaniiti (Fasold, 2006, f. 56; O'Grady & Archibald, 2009, f. 110). Yaada kanarraas kan hubatamu, jechaaf hiika waliigalaa tokko kennuun rakkisaa ta'us, qaama xiqqaa ofdanda'aa afaaniiti. McCarthy (1990) gama isaan akka barreessetti, jechi qaama ofdanda'aa afaanii hiika mataa isaa qabudha (f. 3). Yaada kana kan cimsu Lieber (2009) akk ibsett, jechi qaama dhamjecha tokkoofi isaa olirraa ijaaramu ta'ee kan qofaa isaa dhaabbachuu danda'udha. Jechi dhamjecha tokkorraa ijaaramu jecha salphaa yommuu jedhamu, jechi dhamjecha tokkoo olirraa ijaaramu immoo jecha xaxamaa jedhama (f. 3).

Yaada kana McCarthy (2002) gama isaan akka barreessetti, jechi qaama hiika qabudha. Haata'u malee, hiika jecha tokkoo tilmaamuu yookiin tilmaamuu dadhabuu dandeenya. Fakkeenyaaf, hiika jechoota jechamoota ta'anii tokkoo tokkoo jechoota isaan iraa ijaaraman irraa tilmaamuun hindanda'amu. Kanaaf, hiika jechamootaa akkanaa hubachuuf galmee jechootaatti fayyadamuun barbaachisaadha. Akkasumas,, jechi qaama bu'uuraa gaaleewwaniifi himoonni irraa ijaaramanidha (Ff. 5-10). Ibsi kun jechi qaama hiika mataa isaa qabu ta'ee kan gaaleefi himni irraa ijaaramu ta'uu mul'isa.

Jechi qaama xiinqooqaa kan dhamjecharra guddatuufi gaaleerra immoo xiqqaatudha (Trask, 2007, f. 324). Haata'u malee, hiikni kun afaanota dhamjechoonni isaanii qofa qofaa dhaabbataniif hinhojjetu. Sababni isaa afaanota akkasii keessatti dhamjechi jecha waan ta'eefidha. Akkasumas, hiika kana Afaan Oromoo keessattis yoo ilaalle, rakkoo qaba. Sababni isaas, akka Afaan Oromootti, jechi yeroo hundumaa kan dhamjecharra

guddatu ta'uu dhiisuu danda'a. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo keessatti jechi dhamjecha ofdanda'aa ta'uu danda'a. yeroo kana jechi dhamjecha ta'uu danda'a jechuudha.

Jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaa, dhamjechaa yookiin kan dhamjechoota irraa ijaaramee unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'uufi ofdanda'ee dhaabbatu, bakka bu'aa muuxannoo hawaasaati. Fakkeenyaaf, unkaaleen xiinqooqaa odaa, dachee, diimtuu, namootaafi kkf jedhaman jechoota Afaan Oromooti. Jechoota kanneen keessaa odaafi dacheen unkaalee tajaajila garaagaraa qaban birootti qoodamuu hindanda'an. Haata'u malee, jechoonni diimtuufi namoota jedhaman unkaalee garaagaraa hiika qaban (diim-, -tuu, nam-, -oota) jedhamanitti walduraa duubaan qoodamuu danda'u. Akkasumas, jechoonni kunneen hundi dhamsagoota sadii hanga shanii, birsagoota lamaa hanga sadiifi dhamjechoota tokkoo hanga lamaarraa ijaaraman (Addunyaa, 2010, f. 105; 2013, Ff. 33-34).

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, jechi qaama dhamsagootaa, birsagootaa, dhamjechaa yookiin dhamjechoota irraa ijaaramuu ta'ee kan hiika mataa isaa qabu, qofaa isaa dhaabbatuufi qaama hiika qabu birootti qoodamuus dhiisuus danda'u ta'uu isaati. Walumaagalatti, ibsa hayyoota armaan oliirraa kan hubatamu, hiika jechaa afaanota hundaaf hojjetu kennuun rakkisaa ta'us, jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaa yookiin qaama dhamjecha tokkoofi isaa olirraa ijaaramu ta'ee kan hiika mataa isaa qabuufi qofaa isaa dhaabbachuu danda'u jechuun nidanda'ama. Hiikni kun jecha Afaan Oromoof waan hojjetuuf qorannoon kun hiika jkana bu'uura taasifachuun geggeeffameera.

## 2.2 Beekumsa Jechaa

Beekumsi jechaa waa'ee jechoota afaan tokkoo hubannoo qabaachuudha. Beekumsi kunis yoo xiqqaate unkaa lama qaba. Kunis unkaa hubannoofi fayyadamaati. Unkaan hubannoo waan jechootaan barreeffame yookiin dubbatame tokko hubachuu yommuu ta'u, unkaan fayyadamaa immoo jechootaan yaada ofii barreeffamaan yookiin dubbiin ibsachuuti (Hiebert & Kamil, 2005, f. 3). Kanaaf, jecha beekuun hiika isaa hubachuu nicaala (Harmer, 1991, f.158; Yopp, Yopp, & Bishop, 2009, f.18). Yaada kana Choudaraju, (2017, f. 1472) akka ibsetti, beekumsi jechaa hiika jechaa addatti beekuu qofa miti. Jechoota jechi sun waliin deemu beekuus nihammata. Jechoonni waliin deeman kunneenis hiika jecha tokkoo kennuufillee ni gargaaru.

Akkasumas, jecha beekuun hiikaafi unkaa (unkaa dubbiifi barreeffamaa) qofa beekuus miti. Beekumsi jechaa walxaxaafi wantoota hedduu beekuu ofkeessatti hammata (Schmitt 2000, f. 5). Yaada kana Choudaraju (2017) yommuu ibsu, "Knowing a word implies knowing many things about the word: Its literal meaning, its various connotations, its spelling, derivations, collocations, frequency, pronunciation, the sort of syntactic constructions into which it enters, the morphological options it offers and a rich variety of semantic associates," (f. 1471) jedha. Akkuma Waraabbii kanarraa hubachuun danda'amu, beekumsi jechaa waan baay'ee beekuu ofkeessatti hammata. Kunis hiika kallattii, hiikawwan alkallattii, haala qubeeffamaa, haala uumamaa, jechoota waliin deeman, irra deddeebii, haala sagaleeffamaa, caasaa irraa ijaarame, dhamjechoota adda addaa maxxanfachuu danda'uufi hiika hariiroo jechichaa beekuu hammata. Yaada kana kan cimsu Nation (1990) akka barreessetti, jecha beekuun hiika isaa, unkaa barreeffamaa, unkaa dubbii, amala seerlugaa, jechoota waliin deeman, hariiroo jechoota biroo wajjin qabu, irra deddeebii jecha sanaafi kanneen biroo beekuu akka ta'e ibseera ( f. 31). Kana malees, jecha beekuun qabxiilee hedduu beekuu akka gaafatu Harmer (1991) barreesseera. Kunis hiika (hiika bakka galumsaa, hiika hariiroo), fayyadama (dubbii qolaafi jechama, jechoota waliin deeman, akkaatummaafi filatamummaa), odeeffannoo jechaa (garee jechaa, maxxantoota duraafi boodaa, qubeessuufi sagaleessuu), seerluga jechootaa (maqaa: qeenteefi danuu, kkf, gochima: gochima ce'oo, gochima miti ce'oo, gaalee gochimaa, kkf, maqibsaafi durduubee) beekuudha (f. 158).

Nation (2001, f. 27) gama isaan beekumsa jechaa qabxiilee gurguddaa sadiitti cuunfuun ibsa. Isaanis: 1) unka jechaa (unka dubbii, unka barreeffamaafi qaama jechaa (fakkeenyaaf, hundeefi maxxantoota)) beekuu, 2)

hiika jechaa (unkaafi hiika jechaa walqabsiisuu, yaadrimee jechaa, bakka bu'amaafi hiika hariiroo jechichaa) beekuu, 3) fayyadama jechaa (tajaajila seerlugaa, jechoota waliin deemaniifi itti fayyadama isaa) beekuu ofkeessatti hammata. Gabaabummatti, yaada hayyoota armaan oliirraa kan hubatamu, beekumsi jechaa qabxiilee hedduu beekuu kan ofkeessatti hammatu ta'uu isaati. Kunis beekumsa hiika jechaa (hiika hariiroo, hiika alkallattii, hiika bakka galumsaa), qaamolee jechaa, jechoota waliin deeman, yaada dubbiin yookiin barreeffamaan ibsame hubachuu, yaada ofii barreeffamaan yookiin dubbiin ibsuu, fayyadama jechaafi kkf ofkeessatti hammata.

Beekumsa jechaa kunis irraa jalaan horatamaa deema. Beekumsa kana keessaa gariin kanneen biroo booda sadarkaa adda addaatti baratama. Sababa isaas beekumsi jechaa hundi yeroo tokkotti gonfatamuu waan hindandeenyefidha. Kanaaf, jechoota baruun irraa jalaan guddataa deema jechuudha (Schmitt, 1997, f. 15-16, Schmitt, 2000, f. 5). Yaada kana kan cimsu Schmitt (2000) akka barreessetti, beekumsi jechaa hundi yeroo tokkotti horatamuu hindanda'u. Qabxiilee beekumsa jechaa keessaa gartokko warra kaan dursanii gonfatamu. Fakkeenyaaf, barattoonni osoo dandeettii jechoota waliin deemanii guutummaatti hinhoratiin dursanii hiika bu'uuraa jechichaa hubatu (f. 117). Yaadni hayyoota kanaa kan mul'isu, beekumsi jechaa irraa jalaan horatamuu isaati. Beekumsa jechaa keessaas beekumsi unkaa hubannoo yookiin hiika jechaa beekumsa unkaa fayyadamaa dursee horatama. Sababni isaas namni tokko jechootaan yaada isaa barreeffamaan yookiin dubbiin ibsuun dura hiika jechoota sanaa hubachuutu isarraa eegama waan ta'eefidha. Sana booda, jechoota hubate sanatti gargaaramuun yaada isaa dubbiin yookiin barreeffamaan ibsata. Qorannoon kunis beekumsa tuut-jechaa barattoonni kutaa 5-8 horatan xiinxaluurrati fuulleffateera. Beekumsa jechaa keessaas hiika jechaa (hiika kallattii, bakka galumsaafi hiika hariiroo), qaama jechaa (hundeefi maxxantoota)fi fayyadama jechaa (jechoota waliin deemaniifi itti fayyadama jechaa) beekuu xiinxaluudha.

## 2.3 Tuut-jecha barnootaa

Tuut-jechi barnootaa tuut-jecha barnoota keessatti tajaajiludha. Yaada kana Zentner (2016,) akka barreessetti, tuutjechi barnootaa kanneen afaan barreeffama keessatti bal'inaan dhimmi itti ba'amanidha. Barnoonni tuut-jecha afaan dhalootaas tuut-jecha barnootaa kana irratti fuulleffachuu qaba. Sababni isaas, barattoonni tuut-jecha kana ofiin barachuun beekumsa ga'aa ta'e horachuu waan hindandeenyeefidha (Ff. 15-16).

Beekumsi tuut-jecha barnootaa hubannoo barattoonni jechoota barnoota keessatti tajaajilan irratti qabanidha. Beekumsi tuutjechi barnootaa kunis hubannoo barnoota barattootaa irratti dhiibbaa qaba. Sababni isaas tuutjechi kun qabiyyee barnootaa dabarsuuf baay'ee barbaachisaa waan ta'eefidha. Fakkeenyaaf, barattoonni yoo beekumsa tuut-jecha barnootaa hinqaban ta'e, yaadarimeewwaniifi qajeelfamoota qabiyyee barnootaa sana hubachuufi ibsuuf ni rakkatu. Kanaaf, barattoonni beekumsa tuut-jechaa barnootaa malee qabiyyee barnootaa tokko dubbisuu, dubbachuu, barreessuufi hubachuu hindanda'an (Yopp, Yopp, & Bishop, 2009, f. 15). Yaada kana kan cimsu Graves (2016) akka barreessetti, beekumsi tuutjecha barnootaa qabiyyee barnootaa hubachuu keessatti baay'ee murteessaadha. Kunis dubbisuufi qabiyyee barnootaa barachuu keessatti, akkasumas, mana barnootaan alattis galma ga'insa jireenya dhuunfaaf ga'ee guddaa qaba. Kanaaf, beekumsa tuutjecha kana dhabuun hojiin barattootaa akka galma hingeenye taasisuu bira darbee hirmaannaa daree isaanii gadi buusa (f. 2) .Kanaafuu, beekumsi tuut-jecha barnootaa barattootaafi tooftaalee isaan tuut-jecha haaraa ittiin baratan milkaa'ina barnootaafi jireenya isaaniif baay'ee murteessaadha (Mohammed, 2017, f. 399). Ibsa hayyoota kanarraa kan hubatamu, beekumsi tuut-jecha barnootaafi tooftaalee tuut-jechi kun ittiin barsiifamu milkaa'ina barnootaafi jireenya barattootaa keessatti shoora guddaa kan qabu ta'uu isaaniiti.

Beekumsi tuut-jechaa kun immoo tooftaalee tuut-jecha barsiisuu adda addaatti fayyadamuun gonfatamuu danda'a. Yaada kana Kartalmiş, Örsel & Yavuz (2017) akka ibsanitti, tuut-jecha haala ga'umsa qabuun barsiisuuf barsiistonni tooftaalee adda addaa filachuun dhimma itti ba'uun barbaachisaadha. Tooftaalee jiran

keessaas isa kamtu tuut-jecha dhiyaate barsiisuuf irra caalaa bu'a qabeessa akka ta'e murteessuuf immoo gosa tuut-jecha filatamee, umriifi sadarkaan barattootaa xiyyeeffannoo keessa galuu qabu (f.160).

Tooftaaleen tuut-jecha barsiisuu gosa garaa garaatu jiru. Isaan keessaa tokko bakka galumsaatti fayyadamuun barsiisuudha. Tuut-jecha haaraa bakka galumsa dubbiifi barreeffamaa sirrii ta'e keessatti barsiisuufi shaakalsiisuun akka barattoonni tuut-jecha haaraa baratan tokko muuxannoo isaanii wajjin walqabsiisaniifi hiika tuut-jechabaratanii hubataniif isaan gargaara (Grygel 1994, f. 13). Tooftaa inni lammaffaan immoo tuut-jecha beekamoon walqabsiisuun barsiisuudha. Hiika tuut-jecha haaraa tuut-jecha barattoonni duraan beekaniin walqabsiisuun barsiisuun barattoonni jechoota sanneenitti akka fayyadaman jajjabeessuuf gargaara (Atkins, Banteyerga & Mohammed, 1996, f. 34).

Inni sadaffaan hiika walitti dhufeenya jechootaa agarsiisuun barsiisuudha. Tooftaan kun jechi tokko jechoota biroo wajjin akkamitti akka walfakkaatu yookiin walitti dhufeenya inni qabu, akkasumas, addaa addummaa isaan gidduu jiru agarsiisuun barsiisuudha. Tooftaa kun hiika walfakkaataa, hiikaa faallaa, hiika heddeefi kkf jechootaa barsiisuudha. Walitti dhufeenya hiikaa jechoonni qaban agarsiisuun barsiisuun kunis karaa gaarii tuut-jecha barsiisuufi shaakalsiisuuf gargaaru keessaa isa tokkodha (Grygel 1994, f. 13; Atkins, Banteyerga & Mohammed, 1996, f. 34).

Tooftaan tuut-jecha barsiisuu inni arfaffaan jechoota waliin deemaniin (collocation) barsiisuudha (Atkins, Banteyerga & Mohammed, 1996, f. 34). Jechoonni waliin deeman jechootaa waliin socho'an yookiin tajaajilanidha. Jechoota waliin socho'an barachuunis tuut-jecha afaan tokkoo barachuu keessatti baay'ee barbaachisoodha (McCarthy & O'Dell, 2008, f. 6).

Tooftaan tuut-jecha barsiisuu inni shanaffaan adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuudha**.** Yaada kana Sadeghi et al (2011) akka ibsanitti, tooftaalee tuut-jecha barsiisuu barbaachisoo ta'an keessaa inni tokko adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuudha (f.1). Yaada kana Atkins, Banteyerga & Mohammed, (1996,) akka ibsanitti, tuut-jecha barsiisuu keessatti karaan biroo bu'a qabeessa ta'e adeemsa ijaarsa jechaan barsiisuudha. Tooftaalee ijaarsa jechaan tuut-jecha barsiisuu keessaa inni tokko fufiilee beekamoo afaan tokko keessa jiran barsiisuudha. Tooftaa ijaarsa jechaa kana keessaa inni biroon immoo karaa makoo barsiisuudha. Kunis akkaataa jechoonni yookiin dhamjechoonni walabaa afaan tokkoo walitti makamuun jecha ijaaran agarsiisuun barsiisuudha (f. 34). Makoon adeemsa jechoota lamaafi isaa ol walitti dabaluun jecha haaraa biroo ijaaruuti. Hiikni jechoota makoo kun yeroo baay'ee hiika jechoota walitti makaman irratti waan hundaa'aniif hiika jechoota walitti makaman sanneen irraa tilmaamuun nidanda'ama. Garuu, hiikni jechoota makoo yeroo hundaa hiika jechoota walitti makaman sanarratti hundaa'uu dhiisuu danda'a. Fakkeenyaaf, hiika jechoota makoo jechamoota ta'anii jechoota jecha sana ijaaran irraa tilmaamuun rakkisaadha. Kanaaf, hiika jechoota akkasii baruuf bakka galumsaafi aadaa hawaasa abbaa afaanichaa beekuu nama gaafata. Jechoota makoo knanas sadarkaa gadiitii kaasuun barsiisuun ni danda'ama (Gómez, 2009, f. 6).

Tooftaan tuut-jecha barsiisuu inni ja'affaan caasaa jechaa xiinxaluu barsiisuudha. Yaada kana Grygel (1994) akka ibsetti, tooftaaleen tuut-jecha barsiisuuf gargaaran keessaa inni biroon caasaalee jechaa yookiin qaamolee jecha tokko ijaaran xiinxaluu barsiisuudha. Qaamoleen kunneenis hundee jechaafi dhamjechoota hirkatoo ofkeessatti qabatu (f. 13). Qaamolee jechaa xiinxlaluu jechuunis tooftaa jechi tokko maal jechuu akka ta'e hubachuuf hiika dhamjechoota yookiin qaamoota jechi sun irraa ijaarame xiinxaluuti (Daniel, 2006, f. 16). Itti dabalees, yaadicha Yopp, Yopp, & Bishop (2009, f. 160fi 172) akka barreessanitti, qaamoleen jecha ijaaran agarsiistuu hiika jechichaa waan ta'aniif, tuut-jecha barsiisuu keessatti qaamolee hiika qabeeyyii jechicha ijaaran xiinxaluun barbaachisaadha. Kanaaf, qaamolee jechaa kanaafi haala itti fayyadama isaanii sagantaa barnoota tuut-jechaa keessatti hammachiisuun barsiisuun baay'ee barbaachisaadha. Yaada hayyoota armaan oliirraa kan hubatamu, tuut-jechi tooftaalee adda addaatti dhimma ba'amuun kan barsiifamuu ta'uu

isaati. Tooftaaleen kunneenis bakka galumsaatti fayyadamuu, tuut-jecha beekamoon walqabsiisuu, hiika walitti dhufeenyaa argisiisuu, jechoota waliin deeman, adeemsa ijaarsa jechaafi qaamolee jechaa xiinxaluufaadha.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoo kun saxaxa ibsaa (descriptive research design)tti fayyadamuun geggeeffamee jira. Malli dhimma itti ba'ame immoo mala makaadha. Sababni malli kun filatameefis ragaan qorannoo kanaa i lakkoofsaafi bsaan waan xiinxalameefidha. Maddi ragaalee qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan kunis barattootaa manneen barnootaa mootummaa bulchiinsa magaalaa Ambootti manneen barnootaa Awwaaroo, Liiban Maccaa, Addis Katamaafi Amboo sadarkaa 1[ffaa] kutaa 5-8 turan.

Manneen barnootaa sadarkaa 1[ffaa] kutaa 5-8 kunneenis mala iddatteessuu kaayyeffataatti gargaaramuun filataman. Sababni manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa filatamaniifis sadarkaan kun bakka itti barattoonni beekumsa bu'uuraa tuut-jechaa itti horataniifi iddoo itti Afaan Oromoo bal'inaan afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jiru waan ta'eefidha. Barattoonni manneen barnootaa kanas mala iddatteessuu carraa salphaa keessaa mala carraa baasuutti gargaaramuun filataman. Kunis barattoota manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 akka iddattootti filataman dhiira 3348fi dubara 4644 ida'ama 7992 ta'an keessaa dhiira 364fi dubara 470 ida'ama 834 (%11) filachuun odeeffannoon irraa funaanamee jira. Tooftaaleen funaansa ragaa qorannoo kanaas qorumsaafi daawwannaa dareeti.

Ragaaleen maddawwan adda addaa irraa karaa xiinxala qorumsaafi daawwannaa daree funaanaman kunneenis kaayyoo gooree qorannichaa bu'uura taasifachuun qindeeffaman. Kana booda, ragaaleen xiinxala qorumsaa irraa argaman mala hammamtaan 'SPSS Version 20'tti fayyadamuun baay'ina barattoota qabxii walakkaa gadi, walakkaafi walakkaa ol fidaniifi dhibbeentaa isaanii, akkasumas, qabxii giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa barattoota kanneenii shallaguun bifa gabateen dhiyaachuun xiinxalamaniiru. Itti aansuun, ragaaleen daawwannaa daree irraa argaman bifa ibsaan dhiyaachuun mala akkamtaan xiinxalaman. Dhumarrattis, ragaaleen malleen adda addaan xiinxalaman kunneen walitti dhufuun ibsaman.

## 3. Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Mataduree kana jalatti beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 5-8 madaaluuf firii qorumsaa isaan argataniifi ragaaleen daawwannaa dareerraa argaman walduraa duubaan qindaa'uun xiinxalamanii jiru.

### 4.1 Beekumsa Tuut-jecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 5

Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5 horatan madaaluuf jalqaba gaaffilee deebii daangeffamaa 24fi banamaa 6 waliigala 30 ta'antu qopheeffame. Qabiyyeen qorumsa kanaas hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootarraa maxxantoota addaan baasuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota waliin deeman, bakka galumsaatti gargaaramuu (jechoota bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruu) ofkeessatti hammata. Qabiyyeen qorumsa kanaas kan kitaaba Afaan Oromoo kutaa 5 keessatti hammatamedha. Barattoonnis qorumsa kana dhuma waggaa irratti qoramuun sororfamuee firiin isaa galmeeffame. Kana booda, firiin qorumsichaa beekumsa tuut-jechaa barattoonni kunneen horatanirratti hundaa'uun gareetti qoqqoodamee akka armaan gadiitti gabateen dhiyaachuun xiinxalameera.

Gabatee 1: Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 5

| Lak. | Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5 horatan | Qoodama firiiwwan barattootaa | Baay'ina barattoota firii sana argatanii | Dhibbeentaa barattoota firii sana argatanii (%) | Qabxii giddugaleessaa firii barattootaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootarraa maxxantoota addaan baasuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota waliin deemaniifi bakka galumsaatti gargaaramuu irratti akka waliigalaatti horatan | 0-14 (walakkaa gadi) | 184 | 77.0 | 10.90 |
| | | 15 (walakkaa) | 10 | 4.2 | |
| | | 16-30 (walakkaa ol) | 45 | 18.8 | |
| | | Ida'ama | 239 | 100.0 | |
| 2. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen hiikaa walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootarraa maxxantoota addaan baasuufi bakka duwwaa guutuu irratti horatan | 0-11 (walakkaa gadi) | 152 | 63.6 | 10.26 |
| | | 12 (walakkaa) | 12 | 5.0 | |
| | | 13-24 (walakkaa ol) | 75 | 31.4 | |
| | | Ida'ama | 239 | 100.0 | |
| 3. | Beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi hima ijaaruu irratti horatan | 0-2 (walakkaagadi) | 218 | 91.2 | 0.64 |
| | | 3 (walakkaa) | 21 | 8.8 | |
| | | Ida'ama | 239 | 100.0 | |

Qabxiin lakkoofsa 1ffaa Gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaate kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootarraa maxxantoota addaan baasuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota waliin deemaniifi bakka galumsaatti gargaaramuu irratti akka waliigalaatti horatan madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 24fi deebii banamaa 6 ida'ama 30 ta'e qophaa'uun barattoota akka iddattootti filataman 239f dhiyaatee qoraman keessaa 184 (%77) walakkaa gadi, 10 (%4.2) walakkaafi 45 (%18.8) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kun firiiwwan qorumsaa barattoota kanaa baay'een walakkaa gadi ta'uu mul'isa. Qabxiin giddugaleessaa firiiwwan barattoota kanaas 10.9 waan ta'eef, innis walakkaa gadidha. Kun immoo beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5 baay'een akka waliigalaatti horatan gadaanaa ta'uu argisiisa.

Qabxiin lakkoofsa 2ffaa Gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaate immoo kan mul'isu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika bakka galumsaa jechootaa, bakka duwwaa guutuufi jechootarraa maxxantoota addaan baasuu irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffilee deebii daangeffamaa 24 qophaa'uun barattoota akka iddattootti filataman 239f dhiyaatee qoraman keessaa 152 (%63.6) walakkaa gadi, 12(%5) walakkaafi 75(%31.4) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaan kunis firiiwwan qorumsa barattoota gaaffilee daangeffamaa kana qoramanii baay'een walakkaa gadi ta'uu argisiisa. Qabxiin giddugaleessaa firii qorumsaa barattoota kanaas 10.26 waan ta'eef innis walakkaa gadidha. Kanaaf, ragaan kunis beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika bakka galumsaa jechootaa, bakka duwwaa guutuufi jechootarraa maxxantoota addaan baasuu irratti horatanis gadi aanaa ta'uu mul'isa.

Qabxiin lakkoofsa 3ffaa Gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaate kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi hima ijaaruu irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffilee deebii banamaa 6 qophaa'uun barattoota akka iddattootti filataman 239f dhiyaatee qoraman keessaa 218 (%91.2) walakkaa gadiifi 21(%8.8) immoo walakkaa deebisuu isaaniiti. Ragaan kunis firiiwwan qorumsaa barattoota gaaffilee deebii banamaa kana qoramanii baay'een walakkaa gadi ta'uu mul'isa. Qabxiin giddugaleessaa firiiwwan gaaffilee qorumsaa barattoota kanaas 0.64 waan ta'eef innis walakkaa gadidha. Kanaaf, ragaan gaaffilee deebii banamaa kanarraa argames beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi hima ijaaruu irratti horatan gadaanaa ta'uu argisiisa.

Gabaabumatti, ragaa xiinxala firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa 5 irraa kan hubatamu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa kanaa horatan gadaanaa ta'uu isaati. Ragaan daawwannaa dareerraa argames yaaduma kana cimsa. Sababni isaas ragaan daawwannaa dareerraa argame akka ibsutti, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 5 daawwataman hundi (%100) tooftaalee tuutjechoota barsiisuu hojiirra oolchuurratti hanqina qabu. Barsiistonni afaanii tooftaalee tuut-jecha barsiisuu haala barbaadamuun itti gargaaramuun hinbarsiisan taanaan qaama barattoonni beekumsa kana irraa baratan hinjiru jechuudha. Kana malees, deebii barattoonni kunneen yeroo tuut-jecha kana barachaa turan kennan baay'eenis dogoggora ture. Haata'u malee, barsiistonni baay'een deebii dogoggoraa kana akka deebii sirriitti fudhachuun barattootaaf mirkaneessaa turan. Gochaan akkasii immoo barattoonni beekumsa tuut-jecha afaanichaa barbaadamu akka hinhoranne taasisa.

### 4.2 Beekumsa Tuut-jecha Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 6

Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 6 horatan madaaluuf jalqaba gaaffilee deebii daangeffamaa 24fi banamaa 6 waliigala 30 ta'antu qopheeffame. Qabiyyeen qorumsichaas hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota waliin deeman, jechoota kennamaniin bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruudha. Qabiyyeen qorumsa kanaas kan kitaaba Afaan Oromoo kutaa 6 keessatti hammatamedha. Barattoonnis qorumsa kana dhuma waggaa irratti qoramuun sororfamuee firiin isaa galmeeffame. Kana booda, firiin qorumsichaa beekumsa tuut-jechaa barattoonni kunneen horatanirratti hundaa'uun gareetti qoqqoodamee haala armaan gadiin gabateen dhiyaachuun xiinxalameera.

Gabatee 2: Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 6

| Lak | Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kutaa 6 horatan | Qoodama firiiwwan barattootaa | Baay'ina barattoota firii sana argatanii | Dhibbeentaa barattoota firii sana argatanii (%) | Qabxii giddugaleessaa firii barattootaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 6 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechoota qaamolee irraa ijaaramanitti qoqqooduu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota waliin deeman, jechoota kennamaniin bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruu irratti akka waliigalaatti horatan | 0-14 (walakkaa gadi) | 92 | 53.5 | 13.70 |
| | | 15 (walakkaa) | 14 | 8.1 | |
| | | 16-30 (walakkaa ol) | 66 | 38.4 | |
| | | Ida'ama | 172 | 100.0 | |
| 2. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen hiikaa walfakkii jechootaafi gaaleewwanii , hiika bakka gumsaa jechootaa, jechoota qaamolee irraa ijaaramanitti qoqqooduufi jechootaan bakka duwwaa guutuu horatan | 0-11 walakkaa gadi | 69 | 40.1 | 11.90 |
| | | 12 walakkaa | 21 | 12.2 | |
| | | 13-24 walakkaa ol | 82 | 47.7 | |
| | | Ida'ama | 172 | 100.0 | |
| 3. | Beekumsa jechoota waliin deemaniifi hima ijaaruu irratti barattoonni kunneen horatan | 0-2 walakkaa gadi | 112 | 65.1 | 1.81 |
| | | 3 walakkaa | 45 | 26.2 | |
| | | 4-6 walakkaa ol | 15 | 8.7 | |
| | | Ida'ama | 172 | 100.0 | |

Qabxiin lakkoofsa 1ffaa Gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaate kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 6 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota waliin deeman, jechoota kennamaniin bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruu irratti akka waliigalaatti horatan madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 24fi deebii banamaa 6 ida'ama 30 ta'an qophaa'uun barattoota akka iddattootti filataman 172f dhiyaatee qoraman keessaa 92 (%53) walakkaa gadi, 14 (%8.1) walakkaafi 66 (%38.4) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kun firiiwwan qorumsaa barattoota kanaa baay'inaan walakkaa gadi ta'uu argisiisa. Qabxiin giddugaleessaa firii qorumsaa barattoota kanaas 13.7 waan ta'eef, innis walakkaa gadidha. Kun immoo beekumsi tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni baay'een kutaa 6 horatan gadaanaa ta'uu mul'isa.

Qabxiin lakkoofsa 2ffaa Gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaate kan mul'isu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 6 hiikaa walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika bakka gumlumsaa jechootaa,

jechootaan bakka duwwaa guutuufi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 24 barattoota akka iddattootti filataman 172f dhiyaatee qoraman keessaa 69 (%40.1) walakkaa gadi, 21 (%12.2) walakkaafi 82 (%47.7) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kun firiiwwan qorumsaa gaaffilee deebii daangeffamaa barattoota kanaa baay'inaan walakkaa ol ta'uu mul'isa. Gama biroon, qabxiin giddugaleessaa firii qorumsa barattoota kanaa 11.9 waan ta'eef, naannoo walakkaa ta'uu argisiisa. Kanaaf, beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kutaa 6 hiikaa walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, hiika bakka gumlumsaa jechootaa, jechootaan bakka jechootaan duwwaa guutuufi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan baay'ee fooyya'aa akka hintaane argisiisa.

Qabxiin lakkoofsa 3ffaa gabateen 2 armaan olii keessatti dhiyaate immoo kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi hima ijaaruu irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffilee deebii banamaa 6 barattoota akka iddattootti filataman 172f dhiyaatee qoraman keessaa 112 (%65.1) walakkaa gadi, 45 (%26.2) walakkaafi 15 (%8.7) walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaan kun firiiwwan qorumsaa gaaffilee deebii banamaa barattoota kanaa baay'een walakkaa gadi ta'uu mul'isa. Qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa barattoota kanaas 1.81 waan ta'eef innis walakkaa gadidha. Kanaaf, ragaan gaaffilee deebii banamaa kanarraa argames beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi hima ijaaruu irratti horatan gadaanaa ta'uu argisiisa.

Gabaabumatti, ragaa xiinxala firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa 6 irraa kan hubatamu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen horatan gadaanaa ta'uu isaati. Ragaan xiinxala daawwannaa dareerraa argames yaaduma kana cimsa. Sababni isaas ragaan xiinxala daawwannaa dareerraa argame akka mul'isutti, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 6 daawwataman 3 keessaa 1 (%33) tooftaalee tuut-jecha barsiisuu hojiirra oolchuurratti hanqina akka qabdi. Barsiistonni afaanii tooftaalee tuut-jecha barsiisuu haala barbaadamuun itti gargaaramuun hinbarsiisan taanaan qaama barattoonni beekumsa kana irraa baratan hinjiru jechuudha. Kana malees, deebii barattoonni kunneen yeroo tuut-jecha kana barachaa turan kennan baay'eenis dogoggora ture. Haata'u malee, barsiistonni baay'een deebii dogoggoraa kana akka deebii sirriitti fudhachuun barattootaaf mirkaneessaa turan. Gochaan akkasii immoo barattoonni beekumsa tuut-jecha afaanichaa barbaadamu akka hinhoranne taasisa.

### 4.3 Beekumsa Tuut-jecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 7

Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 horatan madaaluuf jalqaba gaaffilee deebii daangeffamaa 34fi banamaa 6 waliigala 40 ta'antu qopheeffame. Qabiyyeen qorumsichaas hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduufi jechoota waliin deeman ofkeessatti hammata. Qabiyyeen qorumsa kanaas kan kitaaba Afaan Oromoo kutaa 7 keessatti hammatamedha. Barattoonnis qorumsa kana dhuma waggaa irratti qoramuun sororfamuee firiin isaa galmeeffame. Kana booda, firiin qorumsichaa beekumsa tuut-jechaa barattoonni kunneen horatanirratti hundaa'uun gareetti qoqqoodamee akka armaan gadiitti gabateen dhiyaachuun xiinxalameera.

Gabatee 3: Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 7

| Lak. | Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 horatan | Qoodama firiiwwan barattootaa | Baay'ina barattoota firii sana argatanii | Dhibbeentaa barattoota firii sana argatanii (%) | Qabxii giddugaleessaa firii barattootaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Be ekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduufi jechoota waliin deeman barreessuu irratti akka waliigalaatti horatan | 0-19 (walakkaa gadi) | 38 | 21.3 | 24.39 |
| | | 20 (walakka) | 6 | 3.4 | |
| | | 21-40 (walakkaa ol) | 134 | 75.3 | |
| | | Ida'ama | 178 | 100.0 | |
| 2. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoon kunneen hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuufi hiika bakka galumsaa kennuu irratti horatan | 0-16 walakkaa gadi | 24 | 13.5 | 24.37 |
| | | 17 walakkaa | 5 | 2.8 | |
| | | 18-34 walakkaa ol | 149 | 83.7 | |
| | | Ida'ama | 178 | 100.0 | |
| 3. | Beekumsa tuut-jechaa afaanichaa barattoonni kunneen jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduufi jechoota waliin deemanii barreessuu irratti horatan | 0-2 (walakkaa gadi) | 178 | 100.0 | 0.02 |

Qabxiin lakkoofsa 1ffaa Gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaate kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduufi jechoota waliin deeman irratti akka waliigalaatti horatan madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 34fi deebii banamaa 6 barattoota akka iddattootti filataman 178f dhiyaatee qoraman keessaa 38 (21.3%) walakkaa gadi, 6 (3.4%) walakkaafi 134 (75.4%) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kun firiiwwan qorumsaa barattoota kanaa baay'een walakkaa ol ta'uu mul'isa. Akkasumas, qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa barattoota kanaas 24.39 waan ta'eef, innis walakkaa olidha. Kun immoo beekumsi tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 akka waliigalaatti horatan fooyya'aa ta'uu argisiisa.

Qabxiin lakkoofsa 2ffaa Gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaate kan mul'isu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 hiikaa walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuufi hiika bakka galumsaa jechootaarratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 34 barattoota akka iddattootti filataman 178f dhiyaatee qoraman keessaa 24 (%13.5) walakkaa gadi, 5 (%2.8) walakkaafi 149 (%83.7) walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kunis firiiwwan qorumsaa gaaffilee deebii daangeffamaa barattoota kanaa baay'inaan walakkaa ol ta'uu mul'isa. Itti dabalees, qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa barattoota kanaas 24.37 waan ta'eef, innis walakkaa olidha. Kanaaf, beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kutaa 7 kunneen hiikaa walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuufi hiika bakka galumsaa jechootaarratti horatan gaariidha jechuudha.

Qabxiin lakkoofsa 3ffaa Gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaate kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoomni kutaa 7 jechoota waliin deemaniifi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffilee deebii banamaa 6 barattoota akka iddattootti filataman 178f dhiyaatee qoraman keessaa 178 (%100) yookiin hundi isaanii walakkaa gadi deebisuu isaaniiti. Ragaan

kun firiiwwan qorumsaa gaaffilee banamaa barattoota kanaa hundi walakkaa gadi ta'uu argisiisa. Akkasumas, qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa barattoota kanaas 0.02 waan ta'eef, innis walakkaa gadidha. Kanaaf, ragaan kun beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan baay'ee gadaanaa ta'uu mul'isa.

Dimshaashumatti, ragaa xiinxala firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa 7 irraa kan hubatamu, beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen akka waliigalaatti horatan fooyya'aa yoo ta'ellee, beekumsa isaan gama jechoota waliin deemaniifi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan baay'ee gadaanaa ta'uu isaati. Ragaan daawwannaa dareerraa argames yaada kana cimsa. Sababni isaas ragaan xiinxala daawwannaa dareerraa argame akka ibsutti, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 7 daawwataman 3 keessaa 2 (%67) tooftaalee tuutjechoota barsiisuu hojiirra oolchuurratti hanqina qabu. Barsiistonni kunneen tooftaalee tuut-jecha barsiisuu haala barbaadamuun itti gargaaramanii hinbarsiisan taanaan qaama barattoonni beekumsa kana irraa baratan hinjiru jechuudha. Kana malees, deebii barattoonni kunneen yeroo tuut-jecha kana barachaa turan kennan baay'eenis dogoggora ture. Haata'u malee, barsiistonni baay'een deebii dogoggoraa kana akka deebii sirriitti fudhachuun barattootaaf mirkaneessaa turan. Gochaan akkasii immoo barattoonni beekumsa tuut-jecha afaanichaa barbaadamu akka hinhoranne taasisa.

### 4.4 Beekumsa Tuut-jecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 8

Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 8 horatan madaaluuf dursa gaaffileen deebii daangeffamaa 30 fi banamaa 10 waliigala 40 ta'antu qophaa'e. Qabiyyeen qorumsichaas hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu, hiika faallaa jechootaafi jechoota waliin deeman ofkeessatti hammata. Qabiyyeen qorumsa kunis kan kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8 keessatti hammatamedha. Barattoonnis qorumsa kana dhuma waggaa irratti qoramuun sororfamuee firiin isaa galmeeffame. Kana booda, firiin qorumsichaa beekumsa tuut-jechaa barattoonni kunneen horatanirratti hundaa'uun gareetti qoqqoodamee haala armaan gadiin gabateen dhiyaachuun xiinxalameera.

Gabatee 4: Beekumsa Tuut-jecha Afaan Oromoo barattoota kutaa 8

| Lak. | Beekumsa Tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kutaa 8 horatan | Qoodama firii arattootaa | Baay'ina barattoota firii sana argatanii | Dhibbeentaa barattoota firii sana argatanii (%) | Qabxii giddugaleessaa firii barattootaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 8 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu, hiika faallaa jechootaafi jechoota waliin deeman irratti akka waliigalaatti horatan | 0-19 (walakkaa gadi) | 143 | 58.4 | 18.09 |
| | | 20 (walakka) | 15 | 6.1 | |
| | | 21-40 (walakkaa ol) | 87 | 35.5 | |
| | | Ida'ama | 245 | 100.0 | |
| 2. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaafi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan | 0-14 walakkaa gadi | 106 | 43.3 | 15.29 |
| | | 15 walakkaa | 17 | 6.9 | |
| | | 16-30 walakkaa ol | 122 | 49.8 | |
| | | Ida'ama | 245 | 100.0 | |
| 3. | Beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kunneen jechoota waliin deemaniifi hiika faallaa jechootaa irratti horatan | 0-4 walakkaa gadi | 184 | 75.1 | 2.79 |
| | | 5 walakkaa | 56 | 22.9 | |
| | | 6-10 walakkaa ol | 5 | 2.0 | |
| | | Ida'ama | 245 | 100.0 | |

Qabxiin lakkoofsa 1ffaa Gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaate kan mul'isu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 8 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaa, jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu, hiika faallaa jechootaafi jechoota waliin deeman irratti akka waliigalaatti horatan madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 30fi deebii banamaa 10 barattoota akka iddattootti filataman 245f dhiyaachuun qoraman keessaa 143 (%58.4) walakkaa gadi, 15 (%6.1) walakkaafi 87 (%35.5) walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kun firiiwwan qorumsaa barattoota kanaa baay'inaan walakkaa gadi ta'uu argisiisa. Akkasumas, qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa kanaas 18.09 waan ta'eef, innis walakkaa gadidha. Kun immoo beekumsi tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni baay'een kutaa 8 akka waliigalaatti horatan gadaanaa ta'uu argisiisa.

Qabxiin lakkoofsa 2ffaa Gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaate immoo kan argisiisu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 8 hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaafi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffileen deebii daangeffamaa 30 barattoota akka iddattootti filataman 245f dhiyaatee qoraman keessaa 106 (%43.3) walakkaa gadi, 17 (%6.9) walakkaafi 122 (%49.8) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaa kun firiiwwan qorumsaa gaaffilee daangeffamaa barattoota kanaa baay'een walakkaa ol ta'uu mul'isa. Itti dabalees, qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa gaaffilee daangeffamaa barattoota kanaas 15.29 waan ta'eef, innis walakkaa olidha. Kanaaf, ragaan firiiwwan qorumsaa gaaffilee

daangeffamaa kanaarraa argame, beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii, jechootaan bakka duwwaa guutuu, hiika bakka galumsaa jechootaafi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan hamma tokko fooyya'aa ta'uu argisiisa.

Qabxiin lakkoofsa 3ffaa Gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaate kan mul'isu, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 8 jechoota waliin deemaniifi hiika faallaa jechootaa irratti horatan qofaatti madaaluuf gaaffileen deebii banamaa 10 barattoota akka iddattootti filataman 245f dhiyaatee qoraman keessaa 184 (%75.1) walakkaa gadi, 56 (%22.9) walakkaafi 5 (%2) immoo walakkaa ol deebisuu isaaniiti. Ragaan kun firiiwwan qorumsaa gaaffilee deebii banamaa barattoota kanaa baay'een walakkaa gadi ta'uu argisiisa. Akkasumas, qabxiin giddugaleessaa firiiwwan qorumsaa barattoota kanaas 2.79 waan ta'eef, innis walakkaa gadidha. Kanaaf, ragaa gaaffilee deebii banamaa barattoota kanarraa argame, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni baay'een jechoota waliin deemaniifi hiika faallaa jechootaa irratti horatan gadaanaa ta'uu mul'isa.

Gabaabumatti, ragaa xiinxala firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa 8 irraa kan hubatamu, beekumsa tuut-jechaa Afaan Oromoo barattoonni kunneen akka waliigalaatti horatan gadaanaa ta'uu isaati. Ragaan daawwannaa dareerraa argames yaaduma kana cimsa. Sababni isaas ragaan xiinxala daawwannaa dareerraa argame akka ibsutti, barsiistota Afaan Oromoo kutaa 8 barsiisan daawwataman 3 keessaa 2 (%67) tooftaalee tuutjechoota barsiisuu hojiirra oolchuurratti hanqina qabu. Barsiistonni kunneenis tooftaalee tuut-jecha barsiisuu haala sirrii ta'een itti gargaaramuun hinbarsiisan taanaan barattoonni qaama beekumsa kana irraa baratan hinqaban jechuudha. Kana malees, deebii barattoonni kunneen yeroo tuut-jecha kana barachaa turan kennan baay'eenis dogoggora ture. Haata'u malee, barsiistonni baay'een deebii dogoggoraa kana akka deebii sirriitti fudhachuun barattootaaf mirkaneessaa turan. Gochaan akkasii immoo barattoonni beekumsa tuut-jecha afaanichaa barbaadamu akka hinhoranne taasisa.

Walumaagalatti, beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni kutaa 5, 6fi 8 baay'ee horatan gadi bu'aadha. Garuu kan barattoota kutaa 7 akka waliigalaatti fooyya'insa yoo qabaatellee, beekumsa isaan gama jechoota waliin deemaniifi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan baay'ee gadaanaa ta'uun adda ba'eera. Ragaa daawwannaa daree kutaa 5-8 irraa argames yaaduma kana cimsa. Sababni isaas ragaan daawwannaa dareerraa argame akka mul'isutti, barsiistonni Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisan 13 keessaa 8(62%) tooftaalee tuut-jecha barsiisuu hojiirra oolchaa hinjiran. Ragaan kun barsiistota Afaan Oromoo daawwataman keessaa harki caalaan tooftaalee kana kan hojiirra oolchine ta'uu argisiisa. Kana malees, deebii barattoonni kunneen yeroo tuut-jecha kana barachaa turan kennan baay'eenis dogoggora ture. Haata'u malee, barsiistonni baay'een deebii dogoggoraa kana akka deebii sirriitti fudhachuun barattootaaf mirkaneessaa turan. Kanaaf, gochaaleen akkasii immoo barattoonni beekumsa tuut-jecha afaanichaa barbaadamu akka hinhoranne taasisa.

## 5. Argannoo

Argannoowwan qorannoo kanaa beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni manneen barnootaa bulchiinsa magaalaa Amboo sadarkaa 1$^{ffaa}$ kutaa 5, 6fi 8 horatan baay'ee gadaanaa ta'uu adda ba'eera. Gama biroon beekumsa tuut-jechaa afaanichaa barattoonni manneen barnootaa kanaa kutaa 7 akka waliigalaatti horatan amma tokko fooyya'insa yoo qabatellee kan isaan gama jechoota waliin deemaniifi jechoota qaamolee isaan irraa ijaaramanitti qoqqooduu irratti horatan baay'ee gadaanaa ta'uun hubatameera. Kanaaf, rakkoo kana furuuf, qaamni sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessuufi ogeeyyin barnootaa afaanichaa, akkasumas, waajjirri barnootaa bulchiinsa magaalaa Amboofi barsiistonni Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1$^{ffaa}$ waliin ta'uun hojjechuutu isaan irraa eegama.

## 6. Goolaba

Firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa shanii %77, kutaan ja'aa %53.5, kutaan saddeettii %58.4 walakkaa gadiifi firiin daawwannaa daree irraa argames deebiiwwan barattoonni kunneen gilgaalotaaf daree keessatti kennan harki caalaan isaanii sirrii waan hintaaneef beekumsa tuut-jecha Afaan Oromoo barattoonni hedduun horatan gadaanaadha. Gama biroon firiiwwan qorumsaa barattoota kutaa torbaa %75.3 walakkaa ol waan ta'eef, beekumsa tuut-jechaa afaanichaa isaan horatan akka waliigalaatti fooyya'insa yoo qabatellee, firiiwwan qorumsaa isaan jechoota waliin deemaniifi jechoota jechi tokko irraa ijaarame addaan baasuu irratti argatan %100 walakkaa gadi sababa ta'eef, akkasumas, deebiiwwan isaan gilgaalotaaf daree keessatti kennan baay'inaan dogoggora waan ta'eef beekuma isaan tuut-jecha afaanichaarratti horatan gama hundaan walfakkaataa miti. Kun immoo beekumsa tuut-jechaa barattoonni manneen barnootaa Amboo, Liiban Maccaa, Awwaaroofi Addis Katamaa sadarkaa 1ffaa 5-8 horatan rakkoo qabaachuu mul'isa. Rakkoon kun immoo ga'umsa dhabuu barsiistotaafi si'aa'inaan hirmaannaa taasisuu dhabuu barattootaarra madduu mala. Kanaaf, rakkoo kanaaf fala kennuuf barsiistota afaanichaa dhimmicharratti ga'oomsuufi barattoonni barnoota isaaniirratti si'aa'inaan hirmaachuun barbaachisaa ta'a.

## Wabiilee


Abate Demissie (2013). The Effects of Differentiated Instructional Approach on Students Vocabulary Achievement and Attitude in EFL Classroom (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa University, Addis Ababa

Addunyaa Barkeessaa (2010). *Natoo: Yaadrimee caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega printing PLC.

Addunyaa Barkeessaa (2013). *Sanyii: Jechaafi caasaa isaa*. Oromiyaa, Finfinnee: Key Line Printing & Advertising Work PLC.

Akar, N. (2010). *Teaching vocabulary: Bridging the gap between theory and practice*. Eylul: Ankara

Atkins, J., Banteyerga, H., & Mohammed, N. (1996). *Skills development methodology part 2.* Addis Ababa: Addis Ababa University printing press.

Choudaraju, N. (2017). Effective Vocabulary Teaching Strategies for ESL Students: Challenges and Solutions in *International Journal of Engineering Technology Science and Research* Vol 4, Issue 9, pp. 1469-1475 www.ijetsr.com

Daniel Legesse (2006). *English for university and college students*. Addis Ababa: Mega Distributing PLC.

Fasold, R.w. (2006). *An Introduction to language and linguistics*. USA, New York: Cambridge University Press.

Fromkin, V., Rodman, R. & Hyams, N. ( 2011). *An Introduction to language* (9th ed.). United States of America: Michael Rosenberg.

Gómez, G.E.R. (2009). The Role of Morphological Awareness in Bilingual Children's First and Second Language Vocabulary and Reading (unpublished PhD Thesis). University of Toronto, Toronto,

Graves, M. F. (2016). *The Vocabulary book: Learning & instruction*. New York: Teachers College Press. ISBN: 978--0807757260

Grygel, J.A. (Ed) (1994).*The World book of word power* 1. USA: World book, Inc.

Harmer, J. (1991). *The practice of English language teaching (New ed*.). New York: Longman Group UK Limited.

Hiebert, E. H., & Kamil, M.L. (2005).*Teaching and learning vocabulary: Bringing research to practice*. USA: Lawrence Erlbaum Associates, Inc.

Hornby, A.S. & Crowther, J. (1995). *Oxford advanced learner's dictionary of current English*. Oxford: Oxford University Press (Sd)) - libgen.li.

Kartalmiş, I., Örsel, C., & Yavuz, F. (2017). An Analysis Of Vocabulary Teaching Strategies For The Turkish Young Learners. Eurasian conference on language and social science. Conference Paper. https://www.researchgate.net/publication/326648589.

Lieber, R. (2009). *Introducing morphology*. United States of America: Cambridge University Press.

McCarthy, C.A. (2002). *An Introduction to English morphology: Words and their structure*. Edinburgh: Edinburgh University Press Ltd.

McCarthy, M. (1990). *Vocabulary*. Oxford: Oxford university press.

McCarthy, M., & O'Dell, F. (2008). *Academic vocabulary in use with answers*. Cambridge: Cambridge University Press- libgen.lc.

Mohammed, A. (2017). Vocabulary Learning Theories- A Keen Perspective. *Gjra - Global Journal For Research Analysis*, Vol.5, pp 398-399.

Nation, I. S. P. (1990). *Teaching and learning vocabulary*. New York: Newbury House.

Nation, I.P.S. (2001). *Learning Vocabulary in Other Language*. Cambridge: Cambridge University press.

Nunan, D. (1991). *Language teaching methodology: A Textbook for teachers*. New York: Prentice-Hall.

O'Grady, W., & Archibald, J. (2009). An *Introduction: contemporary linguistics analysis* (6th ed.). Toronto, Ontario: pearson Education Canada.

Pan, Q., & Xu, R.(2011). Vocabulary Teaching in English Language Teaching. *Theory And Practice In Language Studies*, vol 1, No 11, pp. 1586-1589. doi:10.4304/tpls.1.11.1586-15

Richards, J. C., & Renandya, W.A. (2002). *Methodology in language teaching: An Anthology of current practice.* Cambridge: Cambridge university.

Sadeghi, M,. & et.al. (2011). Teaching Vocabulary through Word Formation Strategies among Iranian Intermediate EFL Students. International Conference on Languages, Literature and Linguistics, vol. 26, pp. 556-561. Singapore: IACSIT Press.

Schmitt, N. (1997). Using a word knowledge framework to research vocabulary (Unpublished PhD thesis). University of Nottingham, Nottingham.

Schmitt, N.(2000). *Vocabulary in language teaching*. Cambridge: Cambridge University press.

Shimelis Mazengia (2014). Nominalization via Verbal Derivation Amharic, Tigrinya and Oromo (A Contrastive Study) (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa University, Addis Ababa.

Trask, R.L. (2007). *Language and linguistics: Key concepts* (2nd ed.). London and New York: Routledge.

Yopp, H. K., Yopp, R. H., & Bishop, A. (2009). *Vocabulary instruction for academic success*. USA: Shell Education

Zentner, R. (2016). Vocabulary Studies in Primary Grades: A Review of the Literature. Culminating Projects in Teacher Development. 15. https://repository.stcloudstate.edu/ed_etds